islaama jechuun Allaaha malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad immoo ergamaa Allaahaati jettee ragaa ba'uudha, salaata dhaabuudha, zakaa kennachuudha, ramadaana soomuudha, yoo karaa dandeesse mana Rabbii hajja'uudha

Umar ilma Khaxxaab irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Gaafa tokko nuti Ergamaa Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bira taa'aa osoo jirruu, akka tasaa namichi huccuun isaa haalaan adii ta'e, rifeensi isaa immoo haalaan gurraacha ta'e, kan faanni imalaa isa irratti hin mul'annee fi nurraa namni tokkollee kan isa hin beekne nutti ba'e, dhufee Nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaaan irratti haa buusu- bira taa'ee jilba isaa gara jilba isaaniitti hirkisee, ganaa harka isaa lameen sarbaa isaanii irra kaa'atee, yaa Muhammad, islaamummaa irraa natti himi jedheen, Ergamaan Rabbiis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-: " islaama jechuun Allaaha malee haqaan gabbaramaan hin jiru, Muhammad immoo ergamaa Allaahaati jettee ragaa ba'uudha, salaata dhaabuudha, zakaa kennachuudha, ramadaana soomuudha, yoo karaa dandeesse mana Rabbii hajja'uudha jedhaniin, innis dhugaa dubbatte jedheen, ni jedhe (umar): isa dinqisiifanne, ni gaafataa (deebiin isaa akkka sirrii ta'e) immoo isa dhugoomsee mirkaneessaaf, itti aansuun ni jedhe: Iimaana irraa naaf himi, isaanis ni jedhan: "Allaahaatti, malaa'ikota Isaatti, kitaabbowwan Isaatti, ergamtoota Isaatti, guyyaa dhumaatii fi qadara toltuu fi hamtuu isaatti amanuudha". innis dhugaa dubbatte jedheen, ammas ni jedhe: Ihsaana irraa naaf himi (toltuu hojjachuu), isaanis ni jedhan: "Akka waan Isa agartuutti Allaaha gabbaruudha, ati yoo Isa hin agarrellee Inni si arga waan ta'eef". ammas ni jedhe: qiyaamaa irraa naaf himi, isaanis ni jedhan: "Waan isii irraa gaafatamaan gaafataa caalaa waan beeku hin qabu". innis ni jedhe: mallattoo isii irraa naaf himi, isaanis ni jedhan: "Gabrittiin rabbii isii da'uu fi tiksitoota re'ee kan miila qullaa huccuu irraas qullaa ta'an ijaarsa keessatti kan wol dorgoman arguu keeti". ni jedhe (Umar): eegasii ni deeme, xiqqo nan ture, eegasii akkas naan jedhani: "Yaa Umar hoo gaafataan eeenyu akka ta'e beekataa?", Allaahaa fi Ergamaa Isaatu beekan jedheeni, isaanis ni jedhan: "Inni Jibriil ture amantaa keessan isin barsiisuuf jecha dhufe".

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Umar -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Jibriil -nagaan isa irra haa jiraatu- fakkii nama hin beekamneetiin sahaabotatti -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- akka dhufe hima, haala isaa irraa huccuun isaa hedduu adiidha, rifeensi isaas hedduu gurraacha, dadhabbii, quxxoo, rifeensi isaa adda faca'uu fi huccuun xuraawuu irraa faanni imalaas isa irratti homaa hin mul'atuudha, akkasumas namoota yeroo sana achi turan irraa namni tokko isa hin beeku,

osoo isaan Nabiyyii bira -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu -taa'ani jiranuu Nabiyyii fuuldura taa'icha akka barataatti taa'ee, Islaamummaa irraa isaan gaafate, achumaan arkaanattii tana tan shahaadaa lameen raggaasisuu, salaata shanan eeggachuu, nama isii haqa godhatuuf zakaa kennuu, ji'a ramaddaanaa soomuu fi nama danda'u irratti dirqama hajjii geessuu kan taateen isaaf deebisani. Gaafataanis ni jedhe: dhugaa dubbatte, sahaabonnis gaaffii isaa kan akka hin beekne akeekuu fi eegasii immoo akka nama beekuutti deebisee dhugoomsuu isaa irraa dinqisiifatani. Eegasii Iimaana irraa isaan gaafatee, isaanis arkaanattii jahan Allaahaan ol ta'e jiraachuu fi sifoottan Isaatti amanuu, akkasuma hojii Isaa kan akka uumuu faatiin Isa tokkichoomsuu, akkasuma malaa'ikonni kan Rabbiin ifa irraa isaan uume gabroota kabajamoo kan Rabbii ol ta'e hin faallessinee fi ajaja Isaatiin kan hojjatan ta'uu isaaniitti amanuu, akkasuma kitaabowwan Rabbii ol ta'e biraa ergamtoota Isaa irratti bu'an kan akka qur'aanaa, tawraat, injiilii fi kanneen birootti amanuu, akkasuma ergamtoot Rabbiin irraa ergaa geessan, isaan irraa Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi xumura isaanii Muhammaditti amanuu -nageenyi Rabbii cufa isaanii irra haa jiraatu- akkasuma nabiyyootaa fi ergamtoota kan biroottis amanuu, guyyaa dhumaatti amanuu, wanti booda du'aati jiru qabrii fi jireenyi dahoos(jireenya booda du'aatii hanga qiyaamaatti jiru) isa keessa gala, ilmi namaa booda du'aatii ni kaafama akkasumeeti herregama, deebiin isaa gara jannataa yookaan gara ibiddaa ta'a, akkasuma Rabbiin haala beekumsi Isaa dursee, hikmaan isaa akeekteen, akkaataa waan sana barreessee fi isa fedheen wantootii murteessee akka jiru amanuu, isiinis akkaataa Inni itti murteessee fi isaan itti uumeen argamaniitti amanuudha jechuudhaan deebisaniif. Eegasii Ihsaana (tola ooluu) irraa isaan gaafatee jennaan, isaanis akkana jedhanii deebisaniif: ihsaanni akka waan Isa arguutti Rabbiin gabbaruudha, sadarkaa kana ga'uun yoo isaaf hin argamne akka waan Rabbiin isa ilaalaa jiruutti Rabbiin haa gabbaruu, inni jalqaba sadarkaa ilaalchaati, inni sadarkaa olaanaadha, lammaffaan sadarkaa to'annaati. Eegasii qiyaamaan yoomi jedhee gaafate? Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- beekumsi qiyaamaa waan Rabbiin beekumsa isaa of qofaa godhate keessaa tokko akka ta'ee fi uumamtoota keessaa tokkoyyuu akka isa hin beekne fi isa irraa gaafatamaan gaafataa irra kan hin beekne akka ta'e ibsaniif. Eegasii mallattoo qiyaamaa irraa isaan gaafate? mallattoo isii irraa gabrittiiwwanii fi ilmaan isii heddummachuu, yookaan ilmaan haadha isaaniitti jallachuu hanga akka gabrittiitti walitti dhufeenya isaanii waliin taasisanutti, akkasumas dhuma yeroo keessatti tiksitoonni re'ee fi rakkattoonni duuniyaan isaanitti gadhiifamtee, ijaarsa ijaaruu fi isa bareechuu keessatti wol dorgomuu akka ta'e ifa galchaniif. Eegasii Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gaafataan jibriil akka ta'ee fi sahaabota diinii qajeelaa kana barsiisuuf akka dhufe himani.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/4563